
# Qoricha Dhukkuba Daranyoo Sombaa Dhokataa: Rifampiinii (RIF)

TB FREE
KING COUNTY

Qoricha keessan guyyaatti yeroo tokko ji'oota 4'f fudhattu.

Kiniiniiwwan keessan guyyaa yeroo tokkotti wal faana fudhattu.

Qoricha dhukkuba daranyoo Sombaa hin si'oomne fudhachaa akka jirtan doktoroota keessan birootti himaa.



Dhukkuba daranyoo Sombaa dhokataa gosa infekshinii Dhukkuba daranyoo Sombaa qabdu. Dhukkuba daranyoo Sombaa hin qabdan,kanaafuu namoota biroottis dhukkuba daranyoo sombaa tatamsaasuu hin dandeessan. Qorichi kun dhukkuba daranyoo sombaa si'oome isin irra ittisuuf gargaara.

| Qoricha | Baay'ina kiniiniiwwanii guyyaa tokkoo |
|---|---|
| Rifampin | |

**Ji'oota 4'f guyyaa hunda qoricha koo nan fudhadha**



Gaaffiilee ykn miidhaawwan biroo yoo qabaattan narsii keessaniif bilbilaa:

_______________

Public Health
Seattle & King County

# DHAABAA

Qoricha keessan battalumatti fudhachuu DHAABAA, akkasumas yoo rakkoolee armaan gadii keessaa tokko isin mudate narsii Dhukkuba Daranyoo Sombaa keessaniif BILBILAA:

- Fedhii nyaataa xiqqoo qabaachuu ykn tasuma dhabuu
- Jeequmsa garaa ykn dhukkubbii garaa
- Locuu ykn hoqqisa
- Fincaan halluu keelloo qabu ykn bobbaa salphaa
- Gogaan ykn ijji keelloo ta'uu
- Dirmammuu ykn dhiiguu salphaa
- Shiffee ykn cittoo
- Dadhabbii hamaa ykn dadhabbii
- Ho'a qaamaa
- Dhukkubbiiwwan mataa ykn qaamaa
- Maraammartoo
- Harki ykn miilli keessan adooduu

**YAADACHIISA: Fincaan, hancufni ykn imimmaan keessan gara burtukaanatti yoo jijjiirame homaa jechuu miti. Leensiiwwan lallaafaan tutuqqiin xuraa'uu danda'a.**

TB FREE
KING COUNTY

## Gorsoota RIF fudhachuuf

- Qoricha keessan akka fudhattan isin haa yaadachiisuuf yaadachiistu guutaa
- Qoricha keessan garaa duwwaatti fudhadhaa
- Yoo alkoolii kan dhugdan ta'e, alkooliin miidhaawwan biroo fiduu waan danda'uuf doktora keessan waliin haasa'aa.
- Waa'ee qoricha biroo fudhattan doktora keessanitti himaa
- Gaaffiilee yoo qabaattan narsii keessan gaafadhaa

Public Health
Seattle & King County